# Yuuniversitiilee Oromiyaa 9 Keessatti Gaaffiilee Barattooti Oromoo Kaasaniif Qondaaloti Wayyaanee Deebii Dhabuun Muddama Seenan.

Barattooti yuuniversitiilee garagaraa 9 irratti walgayii dirqamaan teessifamaa jiraachuu qaba qabna, walgayiin kan eegale Hagayya 21 irraa kaasee yoroo tahu hanga ammaatti sirna qabeessaan barataan kamuu koreewwan dirqama TPLF irraa itti kenname galmaan gahuudhaaf walgayii kana gaggeessaa jiraniif yaadaafi dirqama TPLF irraa itti kenname sirnaan dudhatanii xumurachuun isaanii hin argamne.Mootummaan Wayyaanee waan itti hin yaadne walgahii kana irratti gaaffii mirgaatu itti dhihaata. Kana itti yaadanii qindeeffataniin ala ta'ee gara FDG itti ce'e.

Yuuniveresitoota hunda keessatti jalqabuma irratti gaaffiwwan barattootni kaasanif deebiin hin argamne, dhimma durgoon wal qabatee gaaffii barattootni Yuuniversitii Wallaggaa kaasan deebiin kenname yoo deemtan deemaa galaa,nyataa fi bakka bultii isin dandeenyeerra kaffaltii waan nurraa eegdan hin qabdan jedhanii waan deebisaniif gaaffii irratti gaaffii itti fufsiisuuf walii galteedhaan Yuuniversiti hunda irratti kan dhiyaatee jiru Hagayya 25 fi Hagayya 26 akka kanaa gadiitti tarreeffamee jira, dilbata darbee jechuun Hagayya 24 walgayiin hin gaggeeffamne bakka hundaattu.

## <u>Gaaffiwwan Dhiyaatan Barattoota Irraa Hagayya 25 fi 26.</u>

1. Mootummaadhumti biyya bulchu kuni hojjetoota isaa kan filatamaniif kanaaf ilaalcha akkamiiti kan qabu akka dhuunfaatti? Hojjetootni baayeen rakkoo uuman jedhee waajjira tokko irraa gara waajjira biraatti dabarsa,murtoo itti hin fudhatu,murtoo fudhachuu irra waajjira itti jijjiira,hojiidhaaf utuu hin muudin dura maaliif xiinxala hin godhuu? Ofitti amanamummaa guututti hin qabuu?
2. Maqaa Inverstmentiin uumata Oromoo irraa lafti saamame hatattamaan haa deebi'u,yoo deebi'uu baate FDG barattooti kaasan gaaffii haqaati jettanii maaliif hin fudhanne?
3. Uummanni tokko mirga saba isaatii falmachuu fi haqa nin qaba jedhee yoo dubbate maaliif hidhamaa?

4. Barattoota Oromoo hidhuu fi uumata Oromoo lafa isaa irraa buqisanii hiyyeessa taasisuun,biyyaa ari’uun yoom dhaabbataa? Kun imaamata mootummaati moo maali ifa nuu ta’uu qaba.
5. Barattooti Oromoo hidhamanii fi ukkaamfaman yoo hattattamaan hin gadhiifamiin mirga keenya yoo falmanne shororkeessaa nama taasisaa?
6. Uummanni biyya kan jedhu shororkeessaan mootummaa Wayyaaneeti kan waraana isaa araddaa hundatti bobbaasee uumata hidhuu fi ajjeessu jedhu,isin ammo barataa dabtaraa fi qalama qofa of harkaa qabuun shororkeessaa dha jettu,isa kamtu sirrii dhaa?
7. Lafi maqaa investimentiitiin wal qabatee mootummaan Wayyaanee qabee jiru jira, ykn uummanni keenya irra hin qotatu,itti hin fayadamu maalif qabamee lafa taa’a? uummata keenyaaf kennamee maalif misoomi irratti hin gaggeeffamu yknis mootummaan maaliif lafa akkasi irratti xiyyeffannoo gochuu didee jiraa?
8. Mootummaan biyya qaba gaggeessan jira jedhu keessatti mannen barumsaa olaanaa tamsaasaa jira kan akka yuuniversitiiwwani? Barattootni sadarkaa yuuniversitiitti baratanii eebbifamanis akkuma baayina yuuniversitii kanaati, garuu hoji dhabdoonni biyya keessatti baayinaan lakkaawaman barattoota yuuniversitii irara eebbifamaniidha, yuuniversitii irraa eebbifamanii hojii dhabuun kun maaliif mootummaan ilaalcha itti hin kennuu?
9. Abbummaan ijaarsa mana kondomineeyiimii rakkoon isaa hedduu mul’ataa jira,hojjetooni mootummaa bu’uura misoomaa hojjetan yeroo baayee maaliif qulqullina hin qabanii? Kan abbootii qabeenyaa REA STATE kan hojjetan hedduu qulqullii isaanii kan eedameedha, kan mootummaadhaa rakkoon isaa maaliidha?
10. Mootumooleen biraan gabaan giddu galeessa keessaa ba’uu qaba jedhu, keenya ammo diimokiraasii bu’aa uummataa eeguuf jecha mootummaan gabaa tolaa jiddu gala jedha malee jireenya hawaasichaa jijjiiruu irraa sababi mul’atu jijjiiramni hin jiru, kun maaliif ta’aa?
11. Diinagdeedhaan uummanni keenya akka ol hin jenne kan godhu rakkoo seeraati moo rakkoo mootummaati?
12. Biyyi gama GDP dachaa lamaan guddateera jedhama,madaallii maaliin madaalameeti? Humni nama baratee,Industirii fi kkf bal’inaan utuu hin jiraatin akkamiin biyyi keenya guddate jedhamaa?

13. Biyyi keenya rakkoo bu'uura misoomaa keessaa kan baatu yoomiidha utuu rakkinni bishaanii,ibsaa,networkii bilbilaa jiruu? Kun akkamitti kan furamu? Yoomidha kan hiikamu?
14. Miidiyaale mootummaan of harkaa qabu ETV fi kan biroo dabalatee yeroo hundaa waan sodaa dhiyeessu,dubbatu, mirgi diimokiraasii jira jedhanii haasa'u kun gonkumaa biyyattii keessatti hin mul'atu, gaazixeessaan tokko waan dhugaa yoo dubbate battaluma sanatti hoji irraa ariyama,kun maaliif ta'aa?
15. Seenaan kan dubbatuu fi beeku Minilik saboota hedduu biyyattii keessaa miidhee balleesseera jedhama,keessattu uummata Oromoo irratti miidhaa gurguddaa irraan geessise,tarreessuu baannu nujalaa kan dhokate miti,har'a siidaa isaa magaalaa Finfinnee keessa keenyee ijaan ilaaluun keenya seenanuu nu gaafata jennee yaaduu hin dhiisnu, maaliif hin ka'u siidaan isaa? Siidaa gootota biraa maaliif hin keenyuu?
16. Yeroo labsiin dhimma Master Pilaanii Finfinnedhaa labsamee fi ifatti bahe san qaama Oromoo fakkaatee fi saba Oromoo bakka bu'e eenyutu argame? Dhimma Master Pilaanii godina addaa finfinnee ilaalchisee yoo marii goone maaliif nun amantan? Dhimma kana gaafa kaasnu maalif hidhamna? MP kana ilaalchise gaazixeesan yoo miidiyaadhaan dhugumma isaa rakkoo inni uummata keenya irratti fidu dubbate maaliif ariyamuun dhufee?
17. Keeyyatni 39 hojii irra ooluu qaba yoo kana hin taane ittiin uumata hin goyyomsiina ka'uu qaba.
18. . Ummanni Oromoo maaliif carraan kennameefii hiree isaa hin murteeffatuu? Hamma yoomiitti afaan qawwee jalatti ukkamfamee dubbachuu dhorkamaa?

Gaaffiwwan kun Hagayya 25 fi 26 ,2014 Yuuniversitii hundatti ka'aa jiruudha, Gaaffiin barattootaa ammallee itti fufiinsaan mootummaa Wayyaanee irra ka'aa jiruudha.

Injifannoon Uummata Oromoof!
Gadaan Gadaa Bilisummaati!
Qeerroo2014